KA'I QEERRO!!

**Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa, Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)**

**National Youth Movement for Freedom and Democracy (NYMFD)**

## Bilisummaa, Walabummaa fi Dimokiraasiin ni mo'ata!

Warraaqsi Itoophiyaa keessatti mandi'uuf jiru fakkii warraqsota biyyoota Kaaba Afrikaa, kan akka Tunisia, Egypt fi biyyoota Giddu-galeessa Bahaa ti. Sochiin ummataa godinaa kanneen keessatti eegalame ergaa seena-qabeessa tahe addunyaa hubachiise. Haalli keessa jirru yeroo itti dimokirasii fi sagaleen ummataa bulchiinsa abbaa irrootaa fi sirna cunqursaa siyaasaa isaan gaggeessan irratti ol-aantummaa argate tahuu mirkaneesse. Haa tahu malee hundeen dhibdee sochii warraaqsa nuti gaggeessinu fi wareegamni nu gaafatu warren kan irraa addummaa qabaata.

Nuti bartootni Oromoo fi bartootni saboota miidhaa bittaa jala jirruu ummata Itoophiyaas tahe hawaasa addunyaatti quca warraaqsaa qabsiisuu keenya kunoo ifatti labsineerra. Seenaa wareegama bartoota Oromoo dhiheenya taasisameef bakka guddaa kennaa nutis wareegama bilisummaa baasuuf murteessanne. Bara baraan gabrummaa keessa jiraachuu irra bilisummaaf utuu falmannuu, wareegama seena-qabeessa taheef kufuu filanne. Ummatootni Ittophiyaa keessaas yaamicha keenya dhagahanii, miidhaa, cunqursaa fi gabrummaa of irraa dhabamsiisanii, bilisummaa, walabummaa fi sirna dimokiraasii haqaa dhugoomsatanii biyya isaanii keessa kabajaan jiraachuuf goca bilisummaa bakka hundatti akka qabsisanii qalbii fi onnee guutuun akka nu waliin hiriiran guddisnee abdanna.

**Waan taheef:**

**1fa-** Bulchiiisni Adda Bilisummaa Ummata Tigray ykn Adda Dimokirasii Warraaqsa Ummatoota Itophiyaa ofiin jedhu:

Mootummaa gosummaa irratti of ijaare, kan caasaa jaarmayaa Stalinistummaan masakamu, kan bu'ura siyaas-hawaasummaa fakkaattii tarkaanfachiisu waan taheef;

Sirni Federalummaa gartuun kun ittiin of fakkeessus sirna shiraan guutame, tokkummaa ummataa addaan diigee, qoqqoodee ittiin bituuf saganteessate waan taheef;

Mootummaan kun sabootaa fi sab-lammoota kanneen akka Oromoo, Ogaaden, Sidaamaa fi Ummatoota Kibba biyyattii akka diina innikkaatti ilaalee itti duulaa hanga har'aa waan gaheef;

***Kanaaf, mootummichi dhugaa ummata biyyattii keessaa ukkaamsuuf jecha duula humna waraanaa waggaa 20f Oromia, Ogaden fi naannoo adda addaatti itti jiru, tarkaanfii waraanumaa fi lolaa, biyyattii keessaa saboota bittaa cunqursaa jalatti barootaaf kufanii jiran irraan geessisaa jiru akka irraa dhaabu jedhna.***

**2fa-** Mallas Zenawi baroota bulchiinsa isaa, waggaa 20 guutuu, miidhaa fi cunqursaa hamtuu ummatoota biyyattii irraan geessiseen aangoo isaa jabeessataa waan deemaa jiruuf;

Bulchiisni Mallas Zenawi kunis dhiitama mirga namoomaa hammaate, kan ummata nagaa haala lammii biyyaa irra gahuu hin malleen dararkeessuu (harassment), lafa irraa buqqisuu, dararuu, guuranii hidhuu fi ajjechaa raawwataa waan yoona gahee jiruuf;

Ummatni nagaan kumaatamaan manneen hidhaatti guuraman, badii takka malee manneen hidhaa keessatti hanga har'aa dhiphachaa waan jiraniif;

**Kanaaf:**

***Hidhamtootni siyaasaa hundi haal-duree tokko malee daddaffiin akka hiikaman;***

***Manni hidhaa Qorannaa Giddu-Galeessaa ykn 'Maikelawi' jedhamu kan lubbuun dhala namaa keessatti gatii dhabsiisame, kan dhala namaa keessatti dararuu, reebichaan qaamaa hir'isuu, akka beeyiladaatti keessatti gorrawuuf itti yaadamee ijaarame, akkasittis hanga har'aa lubbuu lammii biyyaa kumaatamaan keessatti galaafatamee fi galaafatamaas jiru haa cufamuu, giddu-galeessi diina lubbuu dhala namaa tahe kun daddaffiin haa diigamu jedhna.***

**3fa.** Abbootiin taayitaa mootummaa Mallas Zenawii yeroo itti saamicha dinagdee gaggeessaniin soorumaa fi badhaadhina ofii akka guddina dinagdee biyyattiitti himataa jiran, ummatni Itoophiyaa keessaa garuu oolee buluuf iyyuu jireenya guyya guyyaa of dadhabaa waan jiruuf;

Imaammata dinagdee dogoggoraa fi gowwoomsaa mootummichi gaggeessuun gatiin gabaa akka malee dabalaa, jireenyi ummata biyyattiitti hadhaawuutti dabalee mo'achuun dadhabamaa waan jiruuf;

Dhukkubni, beelli, hongee fi wallaalummaan mallattoo jireenya hawaasa waliigalaa Itoophiyaa keessaa tahee beekamaa waan jiruuf;

***Kanaaf, Dhiheessiin mi'oota jireenya ummatichaa guyya guyyaaf barbaachisoo tattahan, kanneen akka sukkaaraa, mi'eessaa fi daabboo jarjartiidhaan ummataaf akka dhihaatan;***

***Imaammatni dinagdee deega hamtuu ummata irraan geessisaa jiruu fi gatiin bittaa fi gurgurtaa gabaa to'annoo ala bifa saamichaan gaggeessamaa jiru akka daddaaffiin sirratu, oolee osoo hin bulin hojii irras akka oolu jedhna.***

**4fa-** Bittaan mootummaa Mallas waa hunda keessaa harka kan qabu, keessattuu wiirtuu dinagdee biyyattii dhuunfaatti harkatti kan galchate waan taheef;

Dhaabbileen dinagdee biyyattii keessaa miseensota Adda Bilisummaa Ummata Tigraayii maqaa 'EFFORT' jedhamuun dhuunfatamuu fi haadha warraa Mallas Zenawi, Azeb Masifiniin to'atamaa jiraachuun hiccitii ummatni biyyattii keessaa tolchee beeku waan taheef;

***Kanaaf, qabeenyaan dhuunfaa maatii Mallas Zenawiin dhuunfatame akka ummataaf deebisamu, saamichi seeraan alaa maatii fi aantota isaan hanga har'aa gaggeessame, kan ifatti hin bahin dabalee haa qoratamu jedhna.***

**5fa -** Ummatni biyyattii keessaa dhibba keessaa harki sagaltamni (90) jireenyi isaa qonnaatti hidhataa waan taheef;

Dhaadannoon "Lafti kan Qotee Bulaaf Haa tahu" jedhu baroota 1960ta fi jalqaba 1970ta keessa belbelaa ture; kan bara 1974 biyya Itophiyaa keessatti ummata, siyaasa wal fakkaataa jala waliin hiriirsee, warraaqsa ummataa qabsiisuudhaan mootummaa Hayila Sillaasee aangoo irraa dhabamsiise;

Imaammata Saamicha Lafaa mootummaan Adda Bilisummaa Ummata Tigray gaggeessaa jiruun, ummatni dachee isaa dhabuun, buqqisamuu fi hoji-dhabilee taasisamuu irraa kan ka'e, gabrummaa ammayyaa, kan aangawummaa hidhata dinagdee addunyummaan wal qabateen, har'as naannoftuu haala fakkaattii keessa waan jiramuuf;

***Kanaaf, imaammatni deegsaan kun daddaffiin akka irraa dhaabbatamu, wal tahiinsi idil-addunyaa gurgurtaa dachee ummataa xiyyeeffate akka fashaluu fi diigamu jedhna.***

**6fa-** Biyyi Itoophiyaa jedhamtu kun waggoota 20n (digdamman) dabran karaa siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdee deega caalaa hammaate keessa seentee waan jirtuuf;

Sirni siyaasaa mootummichi laf-jalaan ittiin gaggeessamu yaad-rimee (concept) Stalinistummaa waan taheef;

Qoodumsaan aangoo walabaa kan seer-baastotaa, (legislatives) seer-murtootaa (judiciaries) fi seer-alangootaa (executives) dhugaadhaan addaan bahee karaa walabummaa isaanii eeggataniin hujii irra oolaa waan hin jirreef;

Qaamota seeraa, kan walaba tahanii dhugaadhaan seera biyyattii keessaa hojjii irra oolchuun ture , bifa bulchiinsa Satlinistummaadhaan, Muummichi Ministeerotaa Mallas Zenawi aangoo fi ol-aantummaa irratti qabuun gara ofiif fedhutti daddabsaa waan jiruuf;

Mallas Zenawi takkaahuu filamee (elected) kan hin beekne garuu sirna Satalinistummaa uummateen kan of foosisuu (selected) waan taheef;

***Kanaaf, Mallas Zenawi aangoo irraa bu'ee, waajjira akka gadi lakkisu barbaadna.***

**7fa-** Filmaata biyyoolessaa Caamsaa bara 2010 gaggeessameen osoo mormitootni siyaasaa seeraan biyyattii keessatti galmaawan sagaltamaa (90) ol tahan dorgom jiranii, Addi Bilisummaa Ummata Tigiraayi, kan durumaan humnaan aangoo dhuunfate sagalee ummataa dhibba keessaa sagaltamii Sagalii fi tuqaa jaha (99.6%) aragachuu isaa haala tasumaa amansiisaa hin tahiniin waan labsateef;

Gaggeessitootni filmaatichaa miseensotuma paarti aangoo bittaa of harkaa qabuu waan tahaniif;

Maallqani filmaatichaaf ooluun irra ture, meeshaan sab-qunnatmii, humni poolisii fi tikiaa dhuunfata mootummichaa tahuu irraa kan ka'e paartiin siyaasaa durumaanuu aangoo of harkaa qabu akka deebisee mo'atuuf waan danda'an hundaan filmaata walaba tahuun irra ture humnaan ukkaamsaa, mo'icha paartii mootummichaaf garuu haala mijjeessaa waan turaniif;

Filmaatni biyyattii keessatti gaggeessame jedhamu qaanfachiisaa tahuutti dabalee, addunyaa ittiin gowwoomsuuf xapha siyaasaa raawwatame tahuun ifatti waan mul'ateef;

***Kanaaf, golli qaama paarlmaa biyyattii lamaan (2n) daddaffiin akka diigaman,***

***Seera haqaa fi sirna dimokiraasii dhugaa biyyattii keessatti dhugoomsuuf mootummaan yeroo cehumsaa dhaabota sochii bilisummaa gaggeessaa jiran, jaarmota mormitoota siyaasaa adda addaa kan ammate haa utubamu jedhna.***

**Injifatnoon Saba Cunqurfameef!**

**Bilisummaa fi Dimokraasiin Ni Mo'ata!!**